Global Affairs Canada

alinea

ግብርና ሚኒስቴር
MINISTRY OF AGRICULTURE

Dhukkuba Citaa/Abbaa sangaa

Dhukkubi citaa maaliinni?

Dhukkubni citaa dhukkuba bakteriyaa Baasiilasantraksii jedhamuun kan daddarbu yammuu tahu isporiin ykn firiin hormaata isaa waggaa baayyee biyyee keessa turuu ni danda'a.

Beeyilada kamtu dhukuba kanaan qabama?

Beyildni akka saawwaa, hoolaa, re'ee, kotteduudaa fi bineensi daggalaa dhukkuba kanaan yeroo afuura baafatan, yeroo biyyee , margaa fi bishaan dhibee kanan masakame/ balfame liqimsan qabaamu ni danda'u.

Namni dhukuba kanaan qabamuu ni dandaya?

Eeyyee, namni yoo firii (isporii) abbaa sangaa liqimse, qaama keessatti baayyachu fi tamsa'un summii qaama namaa keessa facaasuun dhibee nama irratti fiduu ni danda'a.

Dhibeen cita kun nama irratti gosa sadiin mul'ata. Isaanis

1. Cita kutanas (Cutaneous anthrax)/Cita gogaa: Yeroo qaama beeyiladaa du'e qabatan kan namatti darbuudha
2. Cita afuuraa/hargansuu (inhalation anthrax): yeroo afuura baafatan meeshalee dhukuba kanaan masakan irra namatti darabuu dandayaa.
3. Cita garaachaa (Gastrointestinal anthrax): Foon beyilada dhukubsate ituu hin bilcheessin yeroo nyaatan namatti darba.

Dhukuba kana beeyilada irratti akkamiin addaan baasuun danda'ama?

- O'ina/gubiinsa qaamaa fi hollachuu,
- Qufaasisuu
- Dhiiga gurracha'aa hin ittitne qawwa uumaman yaa'u,
- Fedhii nyaataa dhabuu fi of dadhabuu.

Yoo dhukkuba kana shakkine maal gochuu qabna

- Beyilada dhiibe kanaan qabaman gonkumaa qaluun hin barbachisuu
- Beeylada dhukkuba kanaan du'e saaquun/ banuun gonkumaa dhorkaadha
- Beeyladaa dhibee kanaan du'an boolla gadi fageessuun awaaluu yookiin gubuu
- Bakkewwan dhibee kanaan balfaman addaan baasuun dalleessuun beeyiladootni biroon akka achi hin geenye ittisuu,
- Wagga waggaan walitti fuffiinsaan talaaluu,
- Beeyiladoota dhibaman adda baasuun yaaluun barbaachisaadha.

Bakkewwan balfaman qulqulleessuun keemikaalan dhiquu



Cita nama irratti akkamin addan basuun danda'ama?

Cita kutanas/gogaa (Cutaneous anthrax):

- Mallatoon torbee tokko keessatti mul'ata
- Kan waan akka elbisi nama ciniinteeti madaa gurracha fakkachuun nama hoosisia
- Cittoon kunis nama hin dhukkubu garu hin dhitaha
- Yeroo madan fayyuu qoree torbe lama keessatti harca'u eegala

Cita afuuraa/hargansuu (inhalation anthrax):

- Mata bowwuu
- Nama qufasisa
- Afuura nama kuta

Cita garaachaa (Gastro intestinal anthrax):

- Malatoon torbee kessatti mul'achuu eegala
- Gara kuutiin gubuu eegala
- Garaa kaasa
- Ni balaqamsiisa

Akkamiin ittisuun danda'ama ?

- Beeyilada dhukubsatan kan bira irra torbee lamaf addaan basuu
- Wagga waggaan talalli geggeesuu
- Sirritti disinfekti gochuu
- Meshaa ittin disnfekti godhamee gatuu
- Kaloo bakka itti loon citaan qabame du'e addaan baasuu